Haqa🌍Ajaa'ibaa©

HANGA HAR'AATTI (Ji'a tokkoof) WANTOOTA 'POST' GOCHAA TURRE BIFA PRESANTATION TIIN ISINIIF QOPHEESSINEERRA. (Dec.13- Jan. 13)

#Blue_shark kan jedhamtu kun carraa waggaa 400 jiraachuu qabdi miirri wal-qunnamtii saalaa ishee hanga dhufutti garuu waggaa 150 turuu qabdi.

@wonderfactoromic

Biyya Hindii naannoo magaalaa Mumbaayitti kan argamu dhagaan 90 kg ulfaatu namoota hedduuf raajii hojjechaa jira. Dhagichi qubaan qabameeti qixa sirrii sammuu namaa olitti kan kaasamu! Jiraattonni magaalaa sanaa kana raawwachuu isaaniitti nageenyatu nutti dhagaa'ama jedhu.

@wonderfactoromic

@wonderfactoromic

'Mad Honey' jedhamee kan beekamu gosa Dammaati. Amala namoota adoochuu (akka baalota sammuu namaa adoochanii) qaba. Safara fallaana ishee xiqqootti Paawundii 60-80 tti gurgurama. Damma kana argachuuf qonnaan bultoonni #Neeppaal yaabinsa tabbaa cimaa ta'e ba'anii buusanii gurguru!

#Tom_tato kan jedhamu gosa biqilootaa yoo ta'u si'a tokkotti Dinnichaa fi Timaatima horata.
@wonderfactoromic
Cuunfaa Loomii fallaana ishee xiqqoo lama bishaan muraasa waliin walitti makanii gogaa dibachuun foroforriin akka badu godha. Dibatanii garuu daqiiqaa 15 turuun barbaachisaadha.
@wonderfactoromic

Albert Inisteeyin du'uuf yeroo sa'aatonni muraasni hafan waa'ee 'Theory of every thing' qorachuuf yaalaa ture.
@wonderfactoromic
Guyyaa guyyaatti bishaan ho'aan qaama keenya dhiqachuun gogiinsa qaamaaf akka nu saaxilu qorannoowwan mirkaneessaniiru. Akka ibsa qorannichaatti gogaan keenya akka hin gogne yoo feene baay'isnee bishaan ho'aan akka hin dhiqanne.
@wonderfactoromic

Tibba tokko Saudi Arabiatti waa'ee bareedina shamarranii mari'achuuf dhiironni 5000 ol ta'an hirmaannaa dubartootaa malee walitti qabamanii turan.
@wonderfactoromic

Qorannoowwan tokko tokko akka dubbatanitti yoo ta'e 20% kan ta'u Teknooloojiin addunyaa keenyaa godaantotaan (baqattootaan) kan hojjetamedha.
@wonderfactoromic

Buna dhuguun sa'aatii afuriif ujummoon qilleensaa haala gaariin akka hojjetu gochuun dhibamtoota #Asmiif boqonnaa laata.
@wonderfactoromic
Simbirri #Wuming_bird jedhamu gara fuula duraa fi gara duubaatti balali'uu kan danda'u simbira tokkicha yoo ta'u koochoon isaas sekoondii tokkotti si'a 80 batattisu.
@wonderfactoromic

#Arbi bishaan fageenya hamma 5km tti foolii fuudhuu ni danda'a. Kanaaf jedhaniiti qomoowwan #Keeniyaa keessatti argaman hanqinni bishaanii yeroo isaan mudatu Arba duukaa kan bu'an.
@wonderfactoromic
#Paappayyaa daakamaan madaa fayyisuu fi akkasumas naannawwaan qaama gubatee akka hin maloofne gochuuf tooftaa filatamaadha.
@wonderfactoromic

Vaayitaaminiin A Mangoo keessatti argamu bakkoo ijaa (Koorniyaa) eeguu fi dandeettii arguu ijaa fooyyessuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Nama 70kg ulfaatu qaamasaa keessatti bishaan 42L ta'u ni argama. Sababni isaas qabiyyeen bishaan qaama keenyaa 100% keessaa 60% waan ta'eefidha.

@wonderfactoromic

Bishaan Loomii ykn Shayee Loomii dhuguun dhibee garaachaa fooyyessuuf mala baayyee barbaachisaadha.

@wonderfactoromic

Firii #Tamirii 3-4 Aannan keessa cuubuun dhadhaa dhangaaf ta'u itti dabaluun fayyadamuun dhibee hir'ina dhiigaa hir'isuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Dhukkuba #Saree_maraatuun kan hin qabamne #Waraabessa qofadha.

@wonderfactoromic

Guyyaa guyyaan ija #Tamirii afur fudhachuun dadhabbii dhabamsiisuun qaamni keenya jabaa fi si'aawaa akka ta'u gochuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Mootummaan Itoophiyaa yeroo dhiyootti #Nootii birrii jijjiiruufi jedhame. Nootiin birrii jijjiiramuuf akka sababaatti kan taa'an birriin #Foorjidii babal'achuu isaa fi jijjiirama hordofuudhaan daddarbiinsa maallaqaa seera maleessa ta'e to'achuufidha.

@wonderfactoromic

Namoonni ariitii ittiin bineensota ajjeesaniin walii walii isaanii osoo wal ajjeesanii namoonni addunyaa kanarra jiran hundi du'uuf guyyoota 17 fudhata ture!

@wonderfactoromic

@wonderfactoromic

Qorannoon tokko akka jedhetti yoo ta'e namoonni hiriyyaa jaalalaa (jaalallee) isaaniif amanamoo hin taane dandeettiin yaaduu isaanii baayyee gadi bu'aadha!

@wonderfactoromic

Bara 1987 namichi tokko Amerikaatii tikkeettii deemsa balalii xiyyaaraa umurii guutuu VIP #doolaara_250,000n erga bitee booda balalii 10,000 ol balali'uudhaan Kaampaaniisaa doolaara miiliyoona 21 baasisuudhaan kisaaraa keessa waan buuseef walii galtichi jalaa adda citee ture!

@wonderfactoromic

Jarman yeroo jalqabaaf baabura Haayidiroojiniitiin hojjetu hojjetteetti! Kunis bishaan fayyadamuudhaan baabura socho'uu danda'udha! Aaraa fi iyya sagalee tokkollee hin qabu!

@wonderfactoromic

Tibba tokko Amerikaatti Poolisoonni daldaltoota Hashiishaa qabuuf jedhanii sobanii nama bitu fakkaachuun yeroo deeman Poolisoota sobanii namoota gurguran fakkaatanii galaniin to'annaa jala oolanii turan!

@wonderfactoromic

Ganamaaf galgala #Shayee sukkaara hin qabne dhuguun ulfaatina hir'isuuf filannoo bareedaa ta'uun isaa dubbatame!

@wonderfactoromic

Waraana addunyaa isa jalqabaarratti 'Hitler' cidhaan isaa tokko rukkutamee du'uuf yeroo jedhu namichi 'Johan Jambor' jedhamu lubbuu isaa erga oolchee booda, umrii isaa guutuu maaloo osoon hin oolchineen ta'ee jechaa gaabbiidhaan jiraateera! Sababa kanaan 'Hitler' cidhaan tokko qofa qaba ture!

@wonderfactoromic

Faatii Asiidiin Foon keessatti argamu gogaa carallaa aduu irraa eeguun uumamaan gara laafinaa fi miidhagina isa duraaniitti deebisuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Firiin Wayinii nyaata madaalawaa tahuu isaa irra darbee baayyina Insuliinii fi Kolestiroolii hir'isuuf akkasumas cirracha Kalee ittisuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Zaytuunaa(Roqaa) farra Oksidantii olaanaa waan of keessaa qabuuf seelotni Kaansarii qaama keessatti akka hin guddanne gochuuf gargaara.

@wonderfactoromic

Hirriba ga'aa argachuun qaama keenyaaf boqonnaa fi gogaa fuula keenyaaf immoo bareedina ijoollummaa eegee akka turuuf faayidaa olaanaa qaba.

@wonderfactoromic

Narvoota sammuu namaa keessa jiran qarqaraa hanga qarqaraatti osoo wal qabsiisnee miiliyoona 3.2 km dheerata.

@wonderfactoromic

Raafuu maraan hormoonii Taatirooyidii madaallii hin eegne sirreessuuf kuduraalee gargaaran keessaa isa tokkodha.

@wonderfactoromic

Funyaan namaa yoo xiqqaate fooliiwwan 50,000 yaadachuu danda'a!

@wonderfactoromic

@wonderfactoromic

Yeroo ammaatti odeeffannoo kamiyyuu bifa DNA tiin dhiiga keessa kaa'uun waan baratamedha. Namichi #Adiree_Lookaateelii jedhamu; biyya Faransaay jiraata; innis caqasoota #Kitaaba_Qulqulluu fi #Quraanaa fudhachuun laaboraatoorii fayyadamee walitti makuun bifa DNA tiin of waraansiseera😱😱!! Yaalichi garuu baayyee rakkisaadha jedhameera!

@wonderfactoromic
@wonderfactoromic

Namichi tokko: ija jaamaa, mataa moluu fi gurri isaa fageenya irraa kan hin dhageenye; #Bakakkaan dha'amee rakkoon isaa sadanuu si'a tokkotti hiikamaniifii turan!

@wonderfactoromic

Bara 2011tti dubartiin Amerikaa tokko hojii ogummaa hin argamne kana 10,000$ n bittee turte!

@wonderfactoromic
@wonderfactoromic

Lukkuun gurraachi #Indoneeshiyaa qofa keessatti argamu jira! Qaamasaa irra keessa qofa osoo hin taane lafeewwan isaa fi qaamonni keessa isaa hundi gurraachadha!

@wonderfactoromic

Qeensi keessan gara bifa Keellootti yoo jijjiirame umurii ta'uu danda'a. Umurii miti yoo ta'e garuu, Araadni Sigaaraa qeensa Keelloo gochuu danda'a!

@wonderfactoromic

Bara 1525 hamma 1866 qofaatti #Afrikaanonni miiliyoona 12.5 ta'an garbummaan😭 gurguramaniiru!

@wonderfactoromic

Biyyi #Hindii afaanota 454 qabdu keessaa afaanonni 16 afaan hojii mootummaa biyyatiiti!

@wonderfactoromic

Dubaroonni guyyaatti jechoota 20,000 dubbatu! Kana jechuun immoo warra dhiiraa jechoota 13,000n caalu jechuudha!

@wonderfactoromic

@wonderfactoromic

Dhuufuu😂😂gara qaama keenya keessaatti dhuufuun dhukkuba lapheen qabamuu akka hir'isu qorannoon tokko ni addeessa!
@wonderfactoromic
Adurreen tokko tokko #Alarjii namaa qabu. Yeroo hundaa nama ilaaluu waan dadhabaniif nama dhokatu.
@wonderfactoromic
Waraabessoonni guyyaatti si'a 6 wal-qunnamtii saalaa akka raawwatan qorannoowwan ni akeeku!!
@wonderfactoromic
Jaappaanitti taphattoonni qabsoo tolaa; ijoollee yoo hammatan akka carraa gaariitti lakkaawama!
@wonderfactoromic
@wonderfactoromic

Bifa PDF tiin qopheessuu dadhabuu keenyaaf dhiifama isin gaafanna!

WAAN NU BIRA DHAABBATTANIIF ISIN GALATEEFFANNA!

Creator_ Telegram: Firaol Kebede (@fikakuma)
Facebook: www.facebook.com/fika.kuma
WhatsApp: +251 945349469
Twitter: FiraolKebede5
E-mail: firaolkebede25@gmail.com

Join us on TELEGRAM
@wonderfactoromic